



Kittaanaa Dubartii (Female Genital Mutilation/Cutting)

Kittaanaan Dubartii maaliidha?

Kittaanaan dubartii sababii wallaansaa tokko malee itti yaaduudhaan qaama saalaa dubartii muruu ykn dhaqina qabuun geedaruudha. Gochi kunis maqaa baayyee kan beekamu yoo ta'u, muruu, dhaqna qabaa dubartii fi sirna aaddaa dubartii baqaqsanii kittaanu dabalata. Innis fayyaa dubartiif miidhaa waan qabuuf barbaachisaa miti.

Ati ykn namni ati beektu kan balaa keessa jiru yoo ta'e **000** irratti polisiif bilbili.

Awustiraaliyaatti Polisiin nagaa fii amanamoodha.

Gorsa iccitaawaa fi odeeffannoo bilisaatiif **1800 737 732** irratti 1800RESPECT tti bilbilaa.

Turjumaana bilisaa kan barbaadu yoo ta'e **131 450** irratti bilbili.

Awustiraaliyyaa keessatti gargaarsi wallaansaa fii deegarsi ni argama.

Yoo agochiiwan kanneen keessaa tokkoo isaatiin kan miidhamte ta'e, Awustiraaliyyaa keessatti kunuunsaa fii gargaarsa fayyaa bilisaa argachu dandeessa. Doktaroonni, narsoonni, oggeessoonni wallansa fayyaa kan biraat fii barsiiftoonni si gargaaru danda'u.

Daa'ima godhachuuf karoora kan qabdu ta'e'es, yeroo ulfaatti fii wayita mucaa godhatuutti deeggarsa dabalataa argachuuf doktara, narsii ykn oggeessa wallansaa kan biraatti dubachuun si barbaachisa.

Kittaanaan Dubartii Awustiraaliyyaa Keessatti Yakka Cimaadha.

Dhaqina Qabaan Dubartii/Kittaanaan Awustiraaliyyaa keessatti seeran dhorkaadha. Kunis gocha namni akka kittaanamuuf biyya biraatti eerguu, ykn mijeessuu, deegaruu ykn kana akka raawwatuuf jajabeessu hunda hammata.

Namni yakkawan kanneen raawwatee, dhiira ta'ee dubartii, hidhamuu danda'a.

Yoo gochawwan kanneen keessaa tokkon kan miidhamte ta'e, gargaarsa akka argattu kan jajabeefamtu yoo ta'u, seera Awustiraaliyyaa jalattis hin adabamtu ta'a.

Tajaajilawwanii fi maddeen gargaaru danda'an kan biraas jiru.

Waa'ee Kittaanaa Dubartoottaa/Dhaqina qabaa Dubartii ilaachisee odeeffannoo dabalataa marsariitii Barnoota Hammattuu Kittaanaa Dubatrii/Dhaqina Qabaarratti Hubannoo Cimsuu Biyyaaleessaa (**National Education Toolkit for Female Genital Mutilation/Cutting Awareness**) www.netfa.com.au daawwadhaa.

1800RESPECTn tajaajila gorsaa reebinsa saalaa, jeequmsa maatii fii miidhaa mana keessaa biyyaaleessaa Awustiraaliyaati. Innis tajaajilawwan odeeffannoo fii gorsa hicctaawaa karaa bilbilaa fii onlaayiniitiin bilisaa kenna. Goorsitoonis isin dhaggeeffachuu, gaafii keessanis deebiisuun, akkasumas tajaajilawwan gargaarsaa naannoo keessanitti argaman kan biraatti isin ergu danda'u.

1800 737 732 irratti bilbilaa ykn marsariitii **1800RESPECT** karaa www.1800RESPECT.org.au daawwadhaa.

Ati ykn namni ati beektu kamiyyuu gocha kanaaf gara biyya biraatti fudhatame ykn gochiicha fudhatamuus balaa keessatti akka argamu yaadde, sa'atii 24/7 Kaansularii Jiddugala Yeroo Ariifachiisaatti (Consular Emergency Centre) (Awustiraaliyaadhaa) **1300 555 135** irratti ykn (Biyyaa alaatii) **+61 2 6261 3304** irratti bilibili ykn **dfat.gov.au** irratti Mishiinii biyyaa biraan Awustiraaliyaa quunnami.

Nama Turjumaanaan si gargaaru barbaaddaa?

131 450 irratti Tajaajila Hiikaa fi Turjumaanaa (**Translating and Interpreting Service (TIS)**) tiif bilbili. Tajaajilwan gara biraan waliin dubbachuuf namni turjumaanaa TIS irraa isii gargaaru kan danda'u yoo ta'u, garuu TIS gorsa hin kennu. Bilbilli hundinu bilisaa fi iccitaawoodha.